# Galmee Yakkaa Osoo Qabanii Filachuu

Minnesota keessatti galmeen yakkaa keessan yeroo ammaa murtii yakka cimaatiin mana sirreessaa seentanii (hidhamtanii) kan jirtan yoo ta'e malee mirga filachuu keessan irraan dhiibbaa **hin** geessisu

## Murtii yakka cimaatiin filachuu

Minnesota keessatti murtii yakka cimaatiin hidhamtanii mana sirreessaatii erga gad-dhiifamtanii booda filachuu ni dandeessu.

- Hidhaa murtii yakka cimaa erga xumurtanii booda mirgi filachuu keessanii isiniif deebi'a. Hojii hojjechuuf yoo gadhiifamtan (work release), hordoffii manaatiin yoo jiraattan, hidhaa osoo hin xumurin haaldureen gad-dhiifamtanii yoo hordofamtan ykn haalduree fi hordoffiidhaan hawaasa keessa akka jiraattaniif yoo isiniif hayyamame mirga filachuu qabdu.
- Yoo mana hidhaa keessa teessanii himannaa, ykn murtii  eegaa jirtu ta'e, ykn to'atamtanii jirtu yoo ta'e, mirga filachuu qabdu.
- Mana amala sirreessaa (hidhaa) keessatti murtii yakka cimaatiin hidhamtanii jirtu yoo ta'e, filachuu hin dandeessan.

Odeeffannoo galmee argachuuf ykn iyyata guutuuf mnvotes.gov daawwadhaa.

## Haala seeraa keessan adda hin baafannee?

Yoo waa'ee galmee keessanii irratti gaaffii qabaattan, qondaala/bakka bu'aa hordoffii hidhamaa hawaasa keessattii keessanii wajjin haasa'uu dandeessu ykn Minnesota Department of Corrections 651-361-7200 bilbiltanii kutaa galmee waliin haasa'uu ni dandeessu.

hennepin.us/elections

## Minnesota keessatti filachuu nan danda'aa…

Yakka salphaa ykn giddugaleessaatiin himatamee ykn natti murtaa'een jira yoon ta'e?

**EEYYEE**

Mana hidhaa keessan jira yoon ta'e, ykn himannaa ykn murtii eeggataan jira yoon ta'e?

**EEYYEE**

Hordoffii fi haaldureedhaan hawaasatti makamee osoon jiruu/hidhaa osoo hin xumurin haaldureen gad-dhiifamee osoon jiruu hidhaarran jira, garuu murtii yakka cimaatiin hin hidhamne yoon ta'e?

**EEYYEE**

Yakka cimaadhaan himatameen jira, garuu natti hin murtoofne yoon ta'e?

**EEYYEE**

Murtoon hidhaa hingalmoofnee yoo naa kenname (stay of adjudication)?

**EEYYEE**

Murtoo hidhaa bulchiinsa kutaa biyyaa biraa keessaatiifan yeroo hidhaa osoo hin xumurin haaldureenan gad dhiifame ykn hordoffii fi haaldureedhaanan hawaasatti makame yoon ta'e?

**EEYYEE**

Murtii yakka cimaa kiyyaa bulchiinsa kutaa biyyaa biraa keessattan xumure yoon ta'e?

**EEYYEE**

Yeroo ammaa yakka cimaarraa kan ka'e hojii hojjechuufan gad dhiifamee jira, ykn manattan hordofamaa jira, ykn hordoffiidhaan hawaasa keessa akkan jiraadhu taasifameen jira, ykn osoon yeroo hidhaa kiyyaa hinxumurin haaldureedhaan gad dhiifameen jira yoon ta'e?

**EEYYEE**

Murtii yakka cimaa federaalaan natti murtaa'eef hidhaa osoo hin xumurin haaldureedhaan gad dhiifameen jira ykn hodoffiidhaan hawaasatti makameen jira yoon ta'e?

**EEYYEE**

Murtoo yakka cimaatiin mana hidhaa, mana hojii (workhouse), ykn Mana Amala Sirreessaa Ga'eessotaa seeneen jira yoon ta'e?

**LAKKII**

Yeroo ammaa kana mana hidhaa mootummaa naannoo ykn federaalaa keessatti murtii yakka cimaatiinan hidhamee jira yoon ta'e?

**LAKKII**

60-100-25-23